

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير أرومو

Gaafa: Hagayya 6, 2006

Date: \_\_\_\_\_

تاريخ

Lakk.: \_\_\_\_\_

No.: \_\_\_\_\_

رقم

## IMAAMMATA DABAA FI MOOTUMMAA DANTAA DHABLEE JALATTI RAKKOON UMMATOOTAA HIN FURAMU

Fedhii fi akeekni mootummaa Wayyaanee tooftaa adda addaan aangoorra of tursuu dha. Tooftaaleen aangoo irra of tursuuf jecha mootummaan kun dhimma itti bahaa turee fi jiru ammoo kan lammiwwan biyyaa rakkoo ol aanaaf saaxilaa turee fi jiru tahuu waggootni gartuun kun aangoo irra ture ni hubachiisan. Rakkooleen gama hawaasummaan mul'atan haalaan babal'atuu irraa sadarkaa lammiwwan biyyattii ab-dii dhabsiisan irra gahaniiru. Dargaggoon guddina biyyaa fi oomisha irratti qooda murteessaa qabu, jiru-dhablee tahee isaa mankaraaru arguun biyyattiin garamitti adeemaa jirti kan jechisiisu taheera. Dhukkub-sataan waldhaansa malu argatuu dadhabee bakka ciisetti hafuu fi kanneen beelaan yeroo yeroon gaaga'aman dabalaa dhufuun dhimma gaddisiisaa fi yaaddeessaa biyyattii keessatti mul'atu dha.

Imaamatni dinagdee mootummaan Wayyaanee hordofus, dantaa fi fedhii gartuu aangoo irra jiruu fi kan deggertoota isaa qofa guutu dha. Sababa imaammata kanaanis dinagdeen biyyattii gartuu kanaan dhuunfatamee lammiwwan biyyaa hiyyummaaf saaxilamaniiru. Maqaa "Investment" jedhuun hiyyeeyyiin ma-gaalaa keessaa fi qotee bulaan lafa isaanii irraa gumaa xixiqqoon ari'aman danatuun, lakkoobsa jiru-dhablootaa ol guddisuun gamasitti jireenya gadoo fi gaddisiisaaf isaan saaxilee jira. Lammiwwan biyyaa kanneenis bakka jiraatan dhabuu irraa godoo laastikaa karaa fi afaan lagaa irratti ijaarratan keessa jiraachuuf dirqamuu kan hundinuu argaa jiru dha.

Rakkoo hawaasummaa fi dinagdee kanatti dabalee rakkinni siyaasaa biyyattii keessatti mul'ataa jirus kan ummatoota boqonnaa dhorkatee fi rakkoo jiru daran itti hammeessaa jiru dha. Mootummaan dhufiinsa isaa irraa eegalee takkaahuu deggeersa ummatootaa argatee hin beekne kun kan aangoo irra of turse, humna qawwee fi shira ummatoota keessatti raawwatuun akka tahe eenyu iyyuu jalaa dhokataa hin tahu. Gartuun Wayyaanee Tigraay aangoo humnaan argate tikfatuuf ummatoota walitti diree wal lolchiisuu akka tooftaatti itti fayyadameera. Hariiroon obbolummaa fi ollummaa ummatoota gidduutti akka hin saarre taasisuu dhaan jiraate. Shira gartuu Wayyaanee kanatti yeroon dammaqamuu dhabuunis lubbuun lammi-wwan fayyaaleeyyii kumootaan lakkaa'amu akka galaafatamu taasise. Qabeenyi herreguuf hin laaffatne barbadaa'uuf sababa tahe. Ummatoota kumoota danuun lakkaa'aman qe'ee isaanii irraa buqqaaase.

Ummatoota Itoophiyaa keessatti argaman keessaa balaa kanaan harka caalmaan kan miidhamaa jiru ammoo ummata Oromoo ti. Ummata Oromoo mootummaa Wayyaanee humnaan isa bitaa jiru dura dhaab-batu dadhabsiisuuf Wayyaaneen balaa uumamaaf akka saaxilamu gochaa jira. Balaan wagga waggaan la-gni Awaash irraan gahu fakkeenya isa tokko. Kanatti dabalee balaa lola'aa/galaanaa torban dabre Ha-gayya 4 bar 2006 keessa jiraattota magaalaa Dirree Dhawaa irra gahe, tarkaanfii Wayyaaneen fudhatame irraa kan mudate tahuun hin mamsiisu. Lola'aa torban dabre kanaan gandoonni Dachaatu, "Bihere Tsige", Addis Ketemaa, "Min cheggeren" fi Kokaa Kollaa, Ginfillee fi baadiyyaan Ija Aannanii miidha-maniiru. Balaa kanaan godoo ummatni keessa jiraatu 500 ol tahu galaanaan fudhatameera. Kanneen balaa kana dhiheenya irraa argan namootni gaaga'aman kuma tokkoo ol akka tahanitti shallagan. Kan madaa'an ammoo 500 akka caalanitti himan. Kan waldhaansaaf mana yaalaa jiran ammoo 200 tahuutti himama. Balaan kun kan ummata irra gahuu danda'e bakka duraan qubatan irraa mootummaa Wayyaaneen bu-

qqaafamuu irraa ti. Sababa magaalaa plaanaan ijaarra jedhuun ummata hedduu bakka jireenya isaa irraa buqqaasan. Kaan ammoo sababii hordoffii humni milishiaa fi tikaa baadiyyatti ummatarraan gahurraa magaalatti baqatuuf kan dirqamanii dha. Ummatni bakka galu dhabuu irraa afaan lagaa balaa kanaaf isa saaxile irra qubatuuf dirqamee balaan gaddisiisaa kun irra gaheera.

Balaan ummata irra gahe kun karoorri Wayyaanee ummata oggochiisee akka isaa bitamuu fi kaan ammoo dhabamsiisuu jedhu kan milkeesse dha. Waan taheef gartuun Wayyaanee itti gammada malee hin gaddu. Dabrees balaa ummata irra gahe kanaan sababfatee dhoortoo fi kadhaan hawaasa addunyaarraa kiisha isaa gabbifatuuf kan ittiin hojjatu tahuun hin falamsiisu.

Rakkoo ummatootaan daldaluu fi mala ittiin of duroomsanii fi ittiin jiraatan godhatuun aadaa bittoota Itophiyaa tahuun ummatoota Itophiyaas tahan hawaasa addunyaa jalaa dhokataa miti. Bittootni rakkoo ummatootaa gabaa addunyaaf dhiheessanii maallaqa ittiin argatuun jireenya sadoo wayta jiraatan ummatici maqaa isaatiin gargaarsi kennamu garuu isaa rakkoon isa mudate hiikamuu fi furamuu takkaahuu hin mul'atne. Kanaaf ammoo sababni Wayyaanee dabalatee bittootni hanga ammaatti mul'atan kan gaafatamni itti hin dhaga'amnee fi ummatootaaf hin dhimmine tahuu irraa ti.

ABOn balaa torban dabre Hagayya 4 bar 2006 jiraattota magaalaa Dirree Dhawaa irra gaheef gadda itti dhaga'ame ibsaa, kanaafis gaafatamaan mootummaa Wayyaanee tahuu hubachiisa. Balaan kun kan lammiiwwan irra gahe karoora magaalaa guddiifna jedhu qormaata irratti hin hundoofnee fi rakkoo lammiiwwan irra gahu kan hin tilmaammanne akkasumas imaamta Wayyaaneen hordofturraa tahuu isaa ti. Waan taheef lubbuu lammiiwwanii dhabamee fi balaa dhaqqabeef mootummaan Wayyaanee kan itti gaafatamu tahuu hubachiisaa ummatni rakkoo isa mudataa jiruu fi balaa yeroo yeroon isa gaaga'u kana keessaa kan bahuu danda'u mootummaa isaaf dhimmu argamsiisuun qofa waan taheef qabsoo bilisummaa itti jiru akka cimsu carraa kanaan yaadachiisa.

Injifannoo Ummata Oromoof!  
Adda Bilisummaa Oromoo  
Hagayya 6,bar2006